ADDA WALABUMMAA DIMOKRAATUMMAA OROMIYAA

FRONT FOR INDEPENDENT

DEMOCRATIC OROMIA

الأورمية

December 2, 2009

Dhaamsa Sooreysa Jaarraa Abbaa Gadaa, Sooreysa FIDO

Qabsaawota Bilisummaa Oromiya fi ummata Oromiya tiif.

Waa halle dura Salaamtaa jaalala qabsootiin isiniif dabarsa. Itti aansuuniis tattaafii qabsoo bilisummaa itti jirtaniif akka milkooytan abdiin guutuun qabuun ibsa.

Ummanni Oromiya eega haqa abbaa biyyumaa isaa sarbamee bardhibbee tokko fi walkaan dabre. Akkanuma keeysatti, taakkatuu falmaa diddaa gabrummaa irraa yeron if qusatee hin turre. Keeysaahuu bifa baraneen qabsoo bilisummaa geggyfatuu eega jalqaba jaaraa tokko chaalle jirra..

Ilmaan Oromiya qabsoo bilisummaa tiif wareegama qaqqaalii waan ittiin madaalamu qabane gumaachanii jiran. Qabsoo tanaan bu'aalee gurguddoo hedduu gunfatullee bakka imaammata hin dhaqqabne.

Falmaan dheerattee ilmaa-ilmotti tarte, dadhabsiiftuu tahuu qofa osoo hin tahin hifata uumteen hamile capha fiddee. Namoonni hedduun aaraan if keeysa deebi'uudhaan qabsoo irraa dheeysuun isaanii miidhaa walaanso saba Oromiyaa akka gayan tasifte. Hedduun isaani, mormii, shakkii fi wal saphlisuu tooftaa

doggumsuu ittiin injifatan godhatan. Haali kun bal’atee, kulkaa dur jirtu kaasuudhaan fottoqa gara-garaa dhaabota qabsoo bilisummaa keeysatti fiduun calaqqisaa as gahe. Garaa-garummaan tun amma inumaa hoogganootan jaarmayoota bira tartee saba Oromooti dhimiftee rakkina hamaa falli isaa faggaatu uumaa isiidhaatu sodaachisaa tahaa jira. Tanaafuu hoogganoonni jarmayoota bilisummaa waa’ee tanaratti mil’ata godhaa deemuun isaan barbaachisa jechuun dinniina dabarsuuf barbaanna.

Akka hiree tahee, hanga ammaan duraa ummanni Oromoo naannoo qubsumaatiin, gosaa lammii, amantii, fii wkf tiin garaa-garummaan uumaa kanuma jirtu, miidhaga fi gammachuu waliin qabaatuun malee rakoo isiin fide guddoon akka turin beekamaadha. Wanni nama dinqisiisu, sirni kolonefataan Ethiopia illeen, baroota dheeraa kanneeniif ummata Oromiyaa waliin dhawaa turullee, qaawni ummata Oromiya jidutti arkate takkahuu uume hammas guddaa miti. Hin turree osoo jenne, ammallee dandamoota qabna, haaluma wal’aanatu dandeenyu keeysa jira.

Hunda caalaa ammo, wanni seenaa keeysa dabarerraa hubanne yo jiraatte, rakkooleen qabsoo siyaasaa tanneen jarmayootaa keeysatii mul’atan tanneenuma akka qabsoo ummata biroo keeysatii dhalatuun malaniiti. Rakkooleen hamma ammaa dhalatan, ganda nannoo tokkoo, amantii namoota hamma tokkoo yokaahuu gosa takkaleenuu walaqabtuu akka turin ragaan hedduu garree keeysa dabarre. Fakkeenyaa, rakkoon tana fakkaatu jalqa bara 1970 keeysatti, namoota hamma tokko, kanneen nannoo tokkoraa tahan, kanneen amantiin isaanilleen takka jiddutti biqiltee akka turte seenaan ni yaadata. Ammoo, rakkoo dhalate yoggasuma ifa baafnee furuu dhabuun keenya dogoggora ture. Rakkoon jalqabaan dhalate bu’ura

qabsoo bilisummaa keeysatti danqa tahuu qofatti osoo oolin aadaa hamtuu rakkoo if keeysaa dhofannee waliratti quba laatuu akka amanfannu nu goote.

Wanni dagatame, hooggana ummata tookko keeysaa dhalate kan waan takka waliin barbaadatuuf walitti bahe yaada adda-addaa qabaatuun yakkaa miti; rakkoo dhalatte yeroodhaan dirretti haasawanee waliigaltee barbaadata dhabuu dogoggora keeysa dabarre. Wallaalaaniis tahee beekkaan rakkina keenya dhoyfataa turuun keenya lubbu gootota hedduu fi qabeenya itti hoongoyne. Hammasuma takka diina keenya milkeeysaa as geenye. Yeroo ammaa tana, sirni Ethiopia diigamuu dhabuu bira taree, damee babal'ifatee jireenya biyyoota ollaatuu jeequu dandayuun isaa dadhabbii teenya agarsiisa.

Akkanumaan keeysatti, firaa fi diinni keenya wanni hubatuun irra jiraatu, qabsoon ummata Oromiya hamma dur caalaa cimaa deemuu isiidhaati malee gara hifataa, abdi kutata fi dadhabbi deemaa akka hin taane beekkamutu irra jira. Hamileen ummanni keenya, biyya keeysaa fi alaa bilisummaaf qabu yoomiyyuu daran jabaataa deemaa jirti. Qabosoon Oromoo jalqaba namoota hamma tokkoo fi nannoo xiqqoo irraa biqiltee, sossootu amma bakkas hin jirtu; Oromiya guutuu akka bishaan mataa dhangala'eetti walgeeyse. Hoogganoota humna haarayaa fi beekkumsa ammayyaa tiin cimaa tahee kumaatamaan dabalate.

Hunda caalaa, qabsoon teenya qabsoo haqaa waan taateef firoottan dacha-dachaan hortee, horaatiis jirti. Wanni gaariin, bilisummaan ummata Oromiyaa sirna abbaa irree, ifirroo, Ethiopia, kan madda shoorakeeysaa tahe deeydee nagaya gaafa Africa tiif akka buuftu bal'inaan hubatamaati jira.

Jaarraa tokkoof qabsoon bilisummaa Oromiyaa keeysa tarkaanfatte if duuba yo

mil’anne, jireenya Oromoo awwaalamee ture lubbuu itti uumuudha ture. Ummanni Oromoo maqaa fokkisaa itti moggaafame ifiraa darbee Oromummaa isaa deefate. Abbaa biyya sanii tahuu isaa mirkaneeysee, afani fi adaa isaa guddafatuu eegale. Amma booda, dhaloonni haarenyi qabsoo dhaalaa jiru asirraa eegalee ummata Oromiya abbaa haqa isaa akka tahuun gahuuf if dura gulufaa jirra.

Hayni dhoysaa qabne ammoo, humni haaraya shaffisaan galii dhaqabuuf fiigu fi warreen gameeyyiin qabsicha faagarratti ittisuuf wachuu jidduu mormiin dhalataa deemuu isiidhaati. Tun haaluma qabsoo yo tahu, qabsoo akka teenyaa tan dheeratte keeysaan dhufuun malu. Haa tahuu ammo, “Jaldeeysi xixxiqqaatu waa arka,” jette Oromoni, ija dargaggoo keenyaa qarooma dhaamsuun fedhii teenyaa miti.

Akkasumattillee, dubbii manguddoo galagala itti dhufan waan ja:aniif xurree irraa gitintiraannee, bakka malletti booda if arkuus waa hin feenu. Tanaafuu, waliif obsinee mariin ful-dura akka itti deemnu mala dhawatu qabna.

Yeroo ammaantanaa, dhaloonni haarenyi beekkumsa baranee horeen qabsoo saba isaatiif if kennee, geggeysuuf yomiyyuu daran if qopheeysaa jiraatuun isaa abdii nuuf kenna.Tanumaan walqabatee, qabsoon teenya fuula haaraya qabataa deemuu isii wanni agarsiisu, gootonni ilmaan Oromiya, kanneen mooraa diinaa diiganii tan qabsoo bilisummaa jaaruuf dhufuun mooraa qabsootti makamani fii dhufaa jiran, heddummaatuudha. Isaaniis seena bilisummaa saba isaanii keeysatti bakka guddaa qaban, akkuma gumaani qabsoof laattan dachaadha. Hammasuma takka sabni keeysan waan guddoo isinirraa eegata beeytanii if qopheeysuu qabdanii dhamsa dabarsinaafi.

Wanni abdachisaan, akka amma jalqabne kanaan itti fufnu, galii teenya isa ganamaa

yoomiyyu daran itti dhihaanne akka jirru mamii hin qabnu.

Wanni yaadatuu qabnu, haala tarsimo siyaa fi diinaggee addunyaa shafisaan jijjiramaa jiruun waliin adeemsa qabsoo qindeefatuuf shaffisaan hojjatuun barbaachisaa akka tahe waliin hubanna. Haa tahuu ammo, haala xaxamaa qabsoo impayaritii sanii fi rakkoo teenya yo laallu, suutaan xinxila fi eeggata cimaa godhaa deemuun dogoggorraa gaagga'aa irra nu eewala.Tokkummaan ummata Oromiya tan sabboonummaan utubamte moohannaa tenyaa akka argamsiifannu nu gargaaruu qofatti osoo oolin, jireenya keenya isa fuul duraatiifiis wabiidhaa.

Akkuma rakkoon ummata Oromiyaa rakkoo ummanta naannoo sanaa hundaan walqabataa tahetti furmaanniis kanuma hawaasa kaara san qubatuu hudaati taha. Tanaafuu, qabsoon keenya kaayata jabaaratti utubamuun harka bal'aadhaan ummatoota biraalleen akka wal-ammatuu dhaneenyee, ba'aa qabsoo fi firii bilisumma akka waliin hirannu nu gargaara.

Tanaaf, dhaabni keenya, FIDOn tataafii qabsaawooni bakka fi haala addaa keeysatti qabsoo bilisummaa muuxesuuf godhaa jiran kanuma deegaru, jeeqama ABO keeysaan ka'een walqabatee deemu keeysa seenuu fedhii teenyaas miti, keeysaahiis qooda fudhatuu irraa miiila qophuu filanne.

FIDOn, Sooreysa Jaarraa Abbaa Gadaatiin hooganama, dhaaba ganama duraa ABO fi WBO kan biqilchee. FIDOn fi hoogganni isaa, sochiin tokkummaa Oromoo aaggatuun malu hammam takka qabsoo bilisumma akka sakaalu seenaarraa dabarterraa bormoota gahaa qabna. Namni mana tokko jaaru muka wal hin saamu akkuma jedhamutti, tokkummaan dugomsuu fi wal saamurratti bu'urooyte, furmaata rakkoo qabsoo bilisummaa Oromo fidduu osoo tahin tanuma daranuu

gudifu tahuu beekuudha qabna. Jaarmayooni bilisummaaf dhaabbatan mormii doggomsuu dhiisanii gara walgargaaruu fuuleyfatuudha qaban dhaamsa dabarsinaafi.

Yeroo ammaa kan ummanni keenya harka diinaattiin caalaa salphina mudatee dirmachuu nurraa barbaadutti, hatattamaan tokkumman barbaachisuu tolchinee itti amanna. Tanaaf furmaanni duruunuu lafa jira. Tokkummaan Humnoota Bilisummaa Oromiyaa wanni dhaabbatteef tana. Hamma ar'aan tanaatiis waan hojjatuu hanqattef sababii if dandeeyse qabdi. Dura dadhabinsi ULFO maal akka tahee barree, irraa baratuun barbaachisaadha.

Ummanni Oromo tokkummaa jaarmyoota isaa barbaadee, hoogganoota dhaabota maqaa qabsoo isaatiin jaaramanirraa deebisaa faallaa argataa ture. Ragaan, fedhinnaa sagaleen gaafa waltahii ULFO bara 2000 caalu hin jiru. Ammallee ummanni keenya tokkummaa caalaa wanni inni filatu ni jira yo jenne if sobuudha taha. Yo dhugaa hubanne irbuun gaafas waliin seennee fii haqni ummta kanaa seenaa fi rabbi biratti nu gaafatuu hin oolle.

Waan tokkummaa laalchisee, akkuma jalqaba qabsoo, Baddannotti, geeraraan, sagalee rasaasa gootummaatiin ilmaan Oromoo yaamee dimrmachiisetti, seereysi Adda Walabammaa Dimocratumma Oromiyaa (AWDO), Jaarraa Abbaa Gadaa, yaamicha fakkaataa godhuuf jiraataa. Yeroon suuta deemnu keeysa jirru; yaamichi Jaarraa Abbaa Gada hoogganoota gameeysa akka isaan marihatee godhu yeroo gabaabduu keeysatti ummataa fii jaarmayoota hunda dhaqabuuf jiraata.

Maayiiratti, ummanni Oromiyaa jabaate haqa uumaa isaa arkatuun sabaafi sablammilee sirna abbaa irree, Ethiopia, jalatti jiruu gadadoo mudatan hundaf

jireenya nagayaa kennuuf wabiidha. Ummanni Oromiyaa bilisoomuun jiruu shoorarkaa waraanaa gaafa Africa irraa hambisuu qofa osoo tahin hafuura nagayaa addunyaa bal’oof fiduu dandaya. Tanaaf tokkummaan jarmayoota bilisummaa Oromiyaa qofa osoo tahin kan ummata dhimma waliin qabnuullee dabalatu barbaachisaadha jennee irra deddeebinee dhaamna.

Tokkummaan humana.

Koree Qunnamiti FIDO